## CYSHCN eenyu fa'idhaa?

**CYSHCN daa'imman:**

- Dhukkuboota qaamaa, guddinaa, amalaa yookaan sammuu irra ture qaban yookaan qabaachuu malan*
- Tajaajiloota fayyaa fi sanaan walqabatan kan **gosaan yookaan hammaan walumaagalatti daa'imman barbaachisuu** ol kan ta'e barbaadan




Daa'imman isteeta Washington jiraatan keessaa 20% kan ta'an eegumsa fayyaa adda ta'e kan barbaadanidha



*Kunis* ***shan keessaa tokko*** *jechuudha!*

Daa'imman 0-17 keessaa 19.7% kan ta'an eegumsa fayyaa adda ta'e kan barbaadanidha.

**Maddi Ragaa:** Ragaa Fayyaa Daa'immanii Biyyaalessaa 2019-20, Bulchiinsa Galteewwanii fi Tajaajilawwan Fayyaa, Biiroo Fayyaa Haadholii fi Daa'immanii

*dhiibbaawwan baayoloojikaalaa (haala hidda sanyii fa'aa) fi naannoo dhukkuba namarra turu fiduu wajjiin walqabataniif saaxilamummaa guddaa jala kan jiran

## Tajaajiloota barbaaduuf eenyutu na gargaaruu danda'aa?

***Michuun keenya:***

### *Qindeessitoota CYSHCN Naannoo*

kanneen maatiiwwan galteewwaniin walquunnamsiisuu fi kunuunsa isaan barbaachisu kennuuf falmaniif. Kan isaan itti isin (Ingiliffa qofaan) quunnamsiisuu danda'an:

- Inshuraansii
- Dafanii gidduu seenuu
- Fedhiiwwan hin guutamneef qabeenyota jiran
- Tajaajiloota qaama miidhamummaan walqabatan
- Dhidhiibbaa fi tajaajiloota addaa

### *Sarara bilbila bilisaa Help Me Grow Washington 1 (800) 322-2588*

Wantoota fayyaa yookaan guddina daa'ima keessaniif barbaachisan irratti gaaffii qabduu? Sarara WithinReach kan bilbila bilisaa Help Me Grow Washington jedhurratti bilbiluun barbaaddota maatii wajjiin dubbachuun deebii argadhaa! Qabeenyota bilisaan yookaan gatii salphaan naannoo keessanitti argaman kanneen armaan gadii akka argattaniif isin gargaaruu ni danda'u:

- Deeggarsa maatii fi obbolaa
- Galteewwan ceehumsaa kan ijoolle
- Carraawwan hawaasummaa fi bashannanaa
- Odeeffannoo boqonnaa
- Sakattiiwwan guddinaa
- Eegumsa fayyaa
- ...fi kan dabalataa!

Deeggarsa sarara irraa www.ParentHelp123.org (Ingiliffa qofaan) irraa argadhaa.

### *Ergaa deeggarsaa CYSHCN*

CYSHCN@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa hojjettoota keenya quunnamuuf

Galmee kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltoota dhagaʼuu hin dandeenye ykn dhagaʼuu irratti rakkoo qabdaniif, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa ykn civil.rights@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa.

Washington State Department of Health

DOH 970-108 February 2022 Oromo

# *Washington State Children & Youth with Special Health Care Needs (CYSHCN, Bulchiinsa Washington Daa'imman & Dargaggoota Eegumsa Fayyaa Addaa Barbaadan) Sagantaa*



### *Mullata Keenya*

CYSHCN hundi fi maatiiwwan isaanii hawaasa wal fudhataa, sirnoota fayyummaa qaamaa fi sammuu, guddina, nagummaa hawaasummaa fi miiraa isaanii qixaan deeggaruu danda'aniif qaama ta'uun, keessatti hirmaachuu fi ni dharra'uun.

**doh.wa.gov/CYSHCN**

# Hoggansa Maatii, Michuuwwan Hirmaannaa, & Deeggarsaa

**Partnerships for Action, Voices for Empowerment (PAVE) (Ingiliffa qofaan)**
Sagantaaleen Partnerships for Action, Voices for Empowerment (PAVE, Hojiirra Oolmaaf Michoomuu, Aangessummaaf Sagalee Ta'uu) hedduun maatiiwwan ni deeggaru:

- Family to Family Health Information Center (Ingiliffa qofaan) fedhiiwwan eegumsa fayyaa deeggaruuf galteewwan barbaaduu keessatti isin gargaaruu danda'u
- Lifespan Respite WA (Ingiliffa qofaan) boqonnaa (aara-galfii) kunuunsitoota daa'immaniif deeggarsa ni taasisa
- Parent Training and Information (PTI, Leenjii fi Odeeffannoon Maatii) (Ingiliffa qofaan) barattoota qaama miidhamoo ta'an ni deeggara
- Specialized Training of Military Parents (STOMP, Maatiiwwan Humna Waraanaatiif Leenjii Addaa Kennamu) (Ingiliffa qofaan) maatiiwwan humnaa waraanaa deeggara

Parent to Parent (P2P) (Ingiliffa qofaan)
sagantaaleen Parent to Parent (P2P, Maatiidhaa Maatiittii) magaalaa kamiiyyuu kanisaan kennan:

- Deeggarsa tokkoof-tokkoo hiriyummaa & gareewwan qoodinsaa
- Odeeffannoo & leenjii amma
- Sagantaa to'annoo maatii kan hiriyummaa deeggaruu
- Obbolaawwan CYSHCN'f sagantaa obbolootaa
- Galtee fi gorsa

Washington State Fathers Network (WSFN)
Washington State Fathers Network (WSFN, Fuuncaa Abbootii Kan Bulchiinsa Washington) abbootii fi dhiirota tajaajila kunuunsa daa'immanii kennaniif gochaalee fi sagantaalee ni dhiyeessa

Tajaajila Ergaa Washington State Leadership Initiative (WSLI) (Ingiliffa qofaan)
Tajaajilli ergaa Washington State Leadership Initiative (WSLI, Kakaastuu Hogganummaa Bulchiinsa Washington) maatiiwwan CYSHCN gochaalee, sagantaalee, weebinariiwwan, koonifiraansii, leenjii, carraalee tola-ooltummaa fi hojii wajjiin kan wal quunnamsiisudha.
Tajaajila ergaa WSLI argachuuf galmaa'aa (Ingiliffa qofaan)




# Michuuwwan Eegumsa Fayyaa



## Fuuncaa Sooorataa CYSHCN

Fuuncaan Sooorataa (Ingiliffa qofaanl) tajaajiloota sooorataa CYSHCN fi maatiiwwan isaaniif godhamu ni deeggara. Ogeessa sirna sooorataa leenjii addaa qabu (RDN) kan galmaa'ee jiru yookaan garee soortuu hawaasaa argachuus ni dandeessu (Ingiliffa qofaan).

## Neurodevelopmental Centers of Excellence (NDCs)

Neurodevelopmental Centers of Excellence (NDCs, Waaltaalee Gabbisa Guddina Niwuroonii) (Ingiliffa qofaanl) wallaansa hojiirrattii, wallaansa haasawaanii, wallaansa qaamaanii, fi tajaajiloota deeggarsaa biroo ni kenna. NDCs yeroo hedduu qindeessitoota naannoo fi dhiyeessitoota tajaajila kunuunsaa biroo faana hojjetu.

## Maxillofacial Review Boards

Maxillofacial Review Boards (MFRBs, Boordiiwwan Ilaaltuu Wallaansa Hidhii Tarsa'ee) (Ingiliffa qofaanl) dhiyeessitoonni wallaansa daa'imman hidhii tarsa'aa wajjiin dhalataniif gochuuf akka karoorfatanii fi raawwatan kan mirkaneessudha.

## Piroojektii Medical Homes Faana Hojjecchuu Dandeessisu

Hakiima daa'ima keessanii yookaan garee kunuunsitoota daa'ima keessanii wajjiin hiriyaa jabaa akkaataa itti taanaan baruuf medicalhome.org (Ingiliffa qofaanl) daawwadhaa.

# Maatiiwwaniif Galteewwan Biroo

Maatiiwwaniif Odeeffannoo Kennuu (Ingiliffa qofaan) – Jireenyaa guutuu akka jiraatan gargaaruuf namoota rakkoo guddinaan walqabatu qabaniif odeeffannoo fi galteewwan kennuu.

Early Support for Infants & Toddlers (ESIT, Deeggarsa Duraa Daa'immaniif & Ijoolleef Godhamu) (Ingiliffa qofaan) – Daa'immaan hirdhina qaamaa guddinaan walqabatu qaban dhalatanii hanga waggaa 3tti jiraniif tajaajila tooratti deebisuu kan kennudha.

Developmental Disabilities Administration (DDA, To'annoo Hirdhina Qaamaa Guddinaan Walqabatan) (Ingiliffa qofaan) – kunuunsa dhuunfaa fi kan yeroo boqonnaa dabalatee tajaajilootaa fi saganteelee ni dhiyeessa.

Office of Superintendent of Public Instruction (OSPI, Waajjira To'ataa Olaanaa Ajaja Hawaasaa) – Tajaajiloota godina mana barumsaan kennaman to'ata.

Office of the Education Ombuds (OEO, Waajjira Abbagaar Kan Barnootaa) – Odeeffannoo walitti bu'iinsaa fi furmaata isaaniin walqabatan godinoota mana barumsaaf dhiyeessa.

The Arc (Ingiliffa qofaan) – Mirgoota namoota qaama miidhamummaa sammuu fi guddinaa qabaniif kan falmudha. **Boqonnaawwan Naannoo (Afaan Ingilizii qofaan)** maatiiwwaniif odeeffannoo kan kennudha.

Developmental Disabilities Council (DDC, Mana Maree Qaama Miidhamtoota Guddinaan Walqabatan) (Ingiliffa qofaan) – namoota qaama miidhamummaa guddinaan walqabatan qabanii fi maatiiwwan isaaniif kan karoorsudha.

DD Ombuds - komiiwwan tajaajiloota qaama miidhamtoota guddinaan walqabatan irraa ka'an walitti qabuun ni qorata.


